| Eenyummaa Maamilaa | | | |
|---|---|---|---|
| MAQAA | GUYYAA DHALOOTAA | LAKKOOFSA EENYUMMEESSAA | |
| TEESSOO | MAGAALAA | BIYYAA | KOODII POOSTAA |
| LAKKOOFSA BILBILAA (KOODII NAANNOO DABALATEE) | ODEEFFANNOO BIRAA | | |

Washington State Department of Social & Health Services
Transforming lives

# Hayyama
## Consent

**Ibsa Maamilootaaf:** Qajeelchi Tajaajila Hawaasaa fi Fayyaa ejansiiwwan ykn ogeessota isin fi maatii keessan beekan wajjiin hojjachuu ni dandeettu taanan, caalmaatti isin gargaara. Uunka kana mallatteessuudhaan DSHS fi ejansiiwwan akkasumas namootni dhuunfaa gaditti tarraa'an odeeffannoo dhuunfaa keessan akka fayyadamanii fi qoodan waliigaltu. Yoo hayyamni keessan ulaagaa guutuu keessan mirkaneessudhaaf barbaadame malee, DSHS faayidaawwan uunka kana mallatteessuu dhabuu keessaniin isin hin dhoorkatu. Uunka kana hin mallatteessitu taanan, DSHS odeeffannoo waa'ee keessanii hanga seeraan hayyamame ni argata. Akkaataa DSHS odeeffabboo maamilaa dhuunfaa itti fayyadamu irratti ykn mirga iccitaa'ummaa dhuunfaa keessan irratti gaaffii qabdu taanan, maaloo Beeksisa Iccitaa'ummaa Dhuunfaa DSHS ilaalaa ykn nama uunka kana isiniif kenne gaafadha.

**Hayyama**

1. DSHS odeeffannoo iccitaa'aa kiyya dhiyeessudhaaf, fi tajaajiloota qindeessuuf, yaala, kaffaltiiwwan, fi faayidaawwan naaf karoorsudhaaf ykn tajaajila biraa seeraan hayyamamuuf akka fayyadamu hayyamee jira. Akkasumas DSHS fi ejansiiwwan, dhiyeessitootni, ykn namootni dhuunfaa gaditti tarraa'an odeeffannoo dhuunfaa kiyya akka fayyadamaniif ykn dhimmoota kanaaf akka waliif qoodaniif hayyamee jira. Odeeffannoowwan karaa jechootaa ykn elektiroonikaalaa, karaa ergaa, ykn harkaan kenuudhan qoodamuu danda'a.

   **Sababa Ibsaa: Odeeffannoon kun osoo DSHS galmeewwan qoricha sammuu namaa hadoochuufi alkoolii ykn fayyaa sammuu hin qoodin dura barbaadama. Yoo dhimma kana keessatti hin guutin, DSHS sababni ibsamuu gaaffii keerraa ka'ee akka ta'e ni hubata.**

   Maaloo DSHS malee kanneen hayyama keesatti hammataman hundaa armaan gaditti ilaalaa, maqaa fi teessoo isaanitiin adda baasa:

   - ☐ Dhiyeessitoota eeggumsa fayya: _____
   - ☐ Dhiyeessitoota eeggumsa fayyaa sammu: _____
   - ☐ Dhiyeessitoota tajaajila fayyadama wantoota: _____
   - ☐ Dhiyeessitoota biraa DSHS waliin walii galtee qaban: _____
   - ☐ Sagantaalee manaa: _____
   - ☐ Gandoota mana barnootaa ykn kolleejjiiwwan: _____
   - ☐ Qajeelcha Sirreessaa: _____
   - ☐ Qajeelcha Nageenya Mindeeffamummaa fi darabeewwan mindeessaa isaa: _____
   - ☐ Hoggansa Nageenya Hawaasaa ykn ejansii federaalaa kan biraa: _____
   - ☐ Tarree maxxanfame gadii ilaala
   - ☐ Kanneen bira:

2. Sababa ibsaa: ☐ Ittifufiinsa eeggumsa ☐ Seera ☐ Dhuunfaa ☐ Kan biraa:

3. Galmeewwanii fi odeeffannoowwan armaan gadii akka qoodaman nan hayyama (kan ta'u hundaa irratti mallatteessi)

   - ☐ Galmeewwan maamillan kiyyaa hunda ☐ Galmeewwan tarree eerame irra jiran
   - ☐ Galmeewwan gadii qofa
     - ☐ Seenaa maatii, hawaasaa fi mindeeffama
     - ☐ Karoora yaalaa ykn eeggumsaa
     - ☐ Galmeewwan kaffaltii
     - ☐ Hordoffiiwwan dhuunfaa
     - ☐ Mana barnootaa, barnoota, fi leenji
     - ☐ Odeeffannoo eeggumsa fayyaa sammuu (ibsa):
     - ☐ Odeeffannoo eeggumsa fayya (ibsa):
     - ☐ Kan bira (tarreessa):

| Eenyummaa Maamilaa | | |
|---|---|---|
| MAQAA | GUYYAA DHALOOTAA | LAKKOOFSA EENYUMMEESSAA |

**Maaloo hubadha: Galmeen maamilaa keessan odeeffannoo armaan gadii keessaa tokko qaba taanan, galmeewwan kanneen hammachuuf kutaa kanas guutuu qabdu.**

Galmeewwan armaan gadii dhiyeessudhaaf hayyama nan kenna (kan ta'u hundarrattuu tuqaa):

☐ Fayyaa Sammuu ☐ Bu'aawwan qorannoo HIV/AIDS fi STD, adda baasuu, ykn wal'aansa

☐ Rakkoo Wantota Araada Namatti Ta'an Fayyadamuu

- **Hayyamni kun waggaa tokkoof ykn ☐ hanga _____ (guyyaa ykn taatee).**
- **Hayyama kana barreeffamaan yeroo barbaadetti kaasuu ykn baasuu nan danda'a, kuni garuu odeeffannoo dursee qoodame irratti dhiibbaa homaatuu hin qabu.**
- **Galmeewwan akkaataa hayyama kanaatiin qoodaman, akkaataa seera DSHStiin kana booda akka hin eeggamne nan hubadha.**
- **Garagalchi uunka kanaa, Galmeewwan kiyya qoodudhaaf hayyama kennuuf ni ta'a.**

| MALLATTOO | | GUYYAA |
|---|---|---|
| MALLATTOO / MALLATTOO NAMA SEERAA, YOO TA'A TA'E | RAGAA / MAQAA NAMA SEERAA MAXXANFAME | GUYYAA |
| MALLATTOO MAATII YKN BAKKA BU'AA BIRAA (YOO TA'A TA'E) | LAKKOOFSA BILBILAA (KOODII NAANNOO DABALATEE) | GUYYAA |

Ani abbaa galmeewwanii yoo hin taane, ani kan mallatteessuf waan: (mirkaneessa hayyamaa maxxansa)

☐ Warra ☐ Guddistuu Seeraa (ajaja mana murti itti maxxansi) ☐ Bakka bu'aa dhuunfaa ☐ Kanneen bira:

Yaadachiisa Kanneen Odeeffannoo Fudhataniif: **Galmeewwan kunniin odeeffannoo waa'ee HIV, DHQSD, ykn AIDS qaba taanan, hayyama addaa maamilaa malee odeeffannoo sana qooduu hin dandeessan.** Odeeffannoo waa'ee **miidhama dawaa ykn alkoolii** maamilarraa argatta taanan, yoo ibsi odeeffannoo dabalataa 42 CFR 2.32: dhaan barbaadama ta'e, ibsa kana itti dabaluu qabdu.

Odeeffannoon kun galmeewwan akkaataa seerota iccitaa'ummaa Federaalaa (42 CFR kutaa 2) tiin eeggaman irraa isiniif dhiyaate. Seerri Federaalaa odeeffannoo kana dabalataan dhiyeessuu irraa isin dhoorka yoo dhiyeessuun kuni nama abbuummaa irraa qabuun ykn akkaataa 42 CFR kutaa 2 tiin ni hayyamama ta'e malee. Hayyami waliigalaa kan odeeffannoo fayyaa ykn kan biraa gadi lakkisuuf jedhamuu dhima kanaaf gahaa MITI. Dhukkubsataa miidhamaa alkoolii fi dawaatiif, seerri Federaalaa odeeffannoo kamiiyyuu dhimma qorannootiif fayyadamuu ni dhoorka.

## Ajajawwan Uunkaawwan Hayyamaa Guutuu, DSHS 14-012

**Faaydaa:** Uunka kana yoo odeeffannoo dhuunfaa fayyadamuu ykn qooduu waa'ee maamilaa walitti fufiinsaan DSHS wajjiin jiran fayyadamaa ykn tajaajiloota qindeessudhaaf odeeffannoo ejansiiwwan biraatiif kennuudhaaf ykn yaalaaf, kaffaltiif, ykn haala hojii ejansii ykn dhimmoota biraa seeraan hayyamamaniif fayyadamaa.

Danda'ama taanan uunka kana elektiroonikaan guutaa. **Daa'imman dabalatee, namoota hundaaf uunka garagaraa** guutuu qabdu.

**Kutaawwan Uunka:**

EENYUMMEESSA:

- Maqaa: Tokkoon tokkoo uunkaa irrattu maqaa dhiyeessaa tokko qofa kenna. Yero tajaajiloota fudhattanitti maqaalee biraa tarii fayyadamaman itti dabalaa.
- Guyyaa Dhalootaa: Maamila namoota maqaawwan wal fakkaataa qaban irraa adda baasuuf barbaachisa.
- Lakkoofsa Eenyummeessaa: Lakkoofsa eenyummeessaa maamilaa ykn eenyummeessa biraa kan akka lakkoofsa nageenya hawaasaa (hin barbaachisu) galmeewwan adda baasudhaaf fi seenaawwna hordofuudhaaf fi tajaajiloota fudhataman irratti gargaarudhaaf kennaa.
- Kanneen bira: Odeeffannoo dabalataa kamiiyyuu kan galmeewwan adda baasuuf barbaachisan, kan akka tajaajiloota DSHS hirmaachisanii, maqaa miseensota maatii, fi odeeffannoo biraa sirrii dabalaa.

HAYYAMA (MIRKANEESSA):

- Sababa ibsaa: Odeeffannoon kun osoo DSHS galmeewwan qoricha sammuu namaa hadoochuufi alkoolii ykn fayyaa sammuu hin qoodin dura barbaadama. Yoo dhimma kana keessatti hin guutin, DSHS sababni ibsamuu gaaffii keerraa ka'ee akka ta'e ni hubata.
- Ajansiiwwan ykn namootni odeeffannoo wal jijjiiran: Uunki guutame kun kan hayyamu: (1) fayyadama fi dhiyeessa odeeffannoo dhuunfaa kan DSHS keessaa fi kan ejansiiwwanii fi namootni itti tarreeffaman; fi (2) dhiyeessa odeeffannoo iccitaa'aa kan DSHS ejansiiwwan ykn namoota alaatiin taasifamuu tarreeffaman: Akkasumas ejansiiwwan odeeffannoowwan qoodudhaaf hayyama qaban, kan maamilli mallatteessuu qabus dabaluu ni dandeessa.
- Odeeffannoo dabalaman: Maamilli galmeewwan hayyama kanaan haguugaman ibsuu qaba. Maamillan galmeewwan hundaa akka argaman ykn galmeewwan argaman guyyaan, gosaan, ykn madda galmeetiin daangessuuu danda'a. Maamilli hayyama hin mallatteessine taanan ykn galmee addaa hin ibsine taanaan, akka seeratti ni hayyamama taanan odeeffannoo sana qooduun ni hayyamama. Akkasumas tarreewwan galmeewwan haguugamanii kan dirqama maamilli mallatteessuu qabuutis dhiyeessuu ni dandeessu. Galmeewwan kamiiyyuu odeeffannoo fayyaa sammuutiin wal qabatu hammata taanan (RCW 71.05.620), HIV/AIDS ykn qorannoo fi dawaa DHQSD (RCW 70.02.220), ykn tajaajiloota dawaa fi alkoolii (42 CFR 2.31(a)(5)) hammata taanan, galmeewwan kanneen qooduuf maamilli dirqama addatti ibsa kennuu qaba. Uunki kuni akkaataa 45 CFR 164.508(b)(3)(ii) yaadannoowwan saaykooteeraappiitif sirrii miti; galmeewwan kanneen dabaluuf uunkii addaa guutamuu qaba.
- Yeroo: Yeroo yeroon hayyamaa itti xumuramu ibsa, yoo waggaa tokkorraa adda ta'e. Guyyaa biraatiin adda baasta yoo ta'een alatti, hayyamni waggaa tokkotti yeroon isaa dhuma.
- Hubannaa: Maamilli hayyamni maalii akka kennamu, odeeffannoon akkamii fi maaliif akka qoodamu hubachuu isaanii mirkaneeffadhu. Yoo barbaachisaa ta'e, uunka hiikame fi nama afaan hiiku fayyadamaa ykn uunka sagalee ol kaasaa fayyadamaa. Maamilli odeeffannoo dabalataa barbaada taanan, garagalcha dabalataa Beeksisa Gochaalee Iccitii DSHS dabalaaf ykn kutaa keessanitti qondaala ibsa hawaasaatti qajeelfchaa.

MALLATTOOWWAN:

- Maamila: Maamila ykn daa'ima umriin jalaa baheef (fayyaa sammuu, dawaa fi tajaajiloota alkoolitiif 13; HIV/AIDS fi DHQSD kan biraatiif 14; too'annaa ulfaa fi ulfa baasuf umrii kamiiyyuu; eeggumsa fayyaa fi galmeewwan biraatiif 18) sanduuqa kana mallatteessii guyyaa mallattoo galchi. Maamilli isin ragaa ta'uu sanduuqa kana keessatti mallattoo bakka buusuu mala.
- Ragaa fi Nama Seera: Maamilli unka kana qaaman hin dhiyeessine taanaan sagantaan mirkaneessa barbaada taanan ragaan ykn namni seeraa eenyummeessa maamilaa mirkaneessudhaaf ni barbaachisu. Namni kuni mallatteessuu fi maqaa isaa ykn ishee maxxansuu qaba.
- Maatii ykn Bakka Bu'oota Biraa: Maamilli daa'ima hayyama kennuu hin dandeenye ta'a taana, maatiin ykn guddisaan mallatteessuu qaba. Odeeffannoon hundi qoodamuudhaaf daa'imni umrii hin guutu yoo ta'e, daa'imaa fi maatiin lamaanuu mallatteessuu qabu. Maamilli seeraan kan hin dandeenye ta'uun yoo mirkanaa'e, eeguduun mana murtiitiin kenname mallatteessuu fi hayama ajaja guddisaa dhiyeessuu qaba. Namni tokko karaa addaatiin mallatteessa yoo ta'e, (nama akkaataa seeraatin mallatteessu ykn bakka bu'aa isteetaas dabalate), "kan biraa" irratti malatteessaa garagalcha mirkaneessa keewwata seeraa argadhaa. Namni mallatteessuu dirqama mallattoo isaa kaa'uu akkasumas lakkoofsa bilbilaa fi odeeffannoo qunnamtii kennuu qaba.